IB DIPLOMA PROGRAMME
PROGRAMME DU DIPLÔME DU BI
PROGRAMA DEL DIPLOMA DEL BI

M05/1/A1ORM/SP1/ORM/TZ0/XX

22050215

**OROMO A1 – STANDARD LEVEL – PAPER 1**
**GALLA A1 – NIVEAU MOYEN – ÉPREUVE 1**
**OROMO A1 – NIVEL MEDIO – PRUEBA 1**

Tuesday 3 May 2005 (morning)
Mardi 3 mai 2005 (matin)
Martes 3 de mayo de 2005 (mañana)

1 hour 30 minutes / 1 heure 30 minutes / 1 hora 30 minutos

---

INSTRUCTIONS TO CANDIDATES

- Do not open this examination paper until instructed to do so.
- Write a commentary on one passage only. It is not compulsory for you to respond directly to the guiding questions provided. However, you may use them if you wish.

INSTRUCTIONS DESTINÉES AUX CANDIDATS

- N'ouvrez pas cette épreuve avant d'y être autorisé(e).
- Rédigez un commentaire sur un seul des passages. Le commentaire ne doit pas nécessairement répondre aux questions d'orientation fournies. Vous pouvez toutefois les utiliser si vous le désirez.

INSTRUCCIONES PARA LOS ALUMNOS

- No abra esta prueba hasta que se lo autoricen.
- Escriba un comentario sobre un solo fragmento. No es obligatorio responder directamente a las preguntas que se ofrecen a modo de guía. Sin embargo, puede usarlas si lo desea.

*Kanneen armaan gadii keessaa tokko qofaa irraatti yaada kee ibsi.*

**1.** (a)

Yeroon isaa birraadha. Qilleensi qorra wajjin walmakatee nibubbisa. Nidhaamota. Cabbii caalaa diilallaa'a. Fixeensi ganama marga qabatee jiru, yennaa irra ejjetan miila namarraa kuta. Nama hadoochee nama suukaneessa.

Ganama gaafa sanaa Marartuun kaatee hojii ishee eeggatu hojjechuuf yaaddee qorra sana sodaattee of jibbitee "ka'uu?...dhisuu?" jechaa dugdaan ciiftee yaaddi. Baastee buusti. Carraa isheetti gadditi. "Waaqayyo maaliif na'uumee maaliif nagatee?" jettee of gaafattis. Addunyaan kun isheef hiika hinqabdu. Hiibboodha.

Marartuun ganama barraaqaan kaatee waan hojjettuu baay'ee qabdi. Sangoota qonna dhaqan subii yaaftee kalootti geessitee tiksiti. Hoolotaafi re'oota gooranaa yaastee bakka oolanitti bobbaasti. Kana qofaas miti, kosii hartee, bishaan lagaa fiddee, buna danfistee ciree qopheessitee maatii mana sanaa hundaaf dhiyeessiti. Erga isheen waan mara hojjettee xumurtee booda maatiin hundi hamma aduun ho'utti hirriiba ganamaa rafaa barfatanii ka'u.

Bantiin abbaa Marartuuti. Bantiin dhalatee kan guddate, har'as kan jiraatu magaala Shaambo bira ganda Qastamaaj jedhamtu keessa . Qonnan bulaadha. Shaambon godina Wallaggaa Bahaa keessatti argamti. Magaala guddo aanaa Jimmaa Horrooti. Duraan konyaa Horroo Guduruuf magaala guddoo turte. Bantiin umrii isaa guutuu achuma jiraate. Bantiin haadha manaa isaa ishee duraa wajjin erga addaan bahanii waggotii digdama taranii jiru. Niitiin Bantii isheen duraa Qananii jedhamti. Bantiin, Qananiirraa Maarartuu godhate. Marartuu qofaas miti, mucaa dhiiraa eegoo (quxisu) Marartuus qabu turan. Maal godharee, walbira taa'anii ijoollee isaanii guddifachuu hindandeenye. Gargar ba'anii hafan. Qananiin gaafa baddee biyaa baate Marartuu Bantiitti gattee mucaa isa dhiiraa dugdatti baattee sokkite. Iddoo isheen jirtu namni beeku hunjiru. Duuteefi jirti ishee eenyuyyyuu quba hinqabu. Yeroo Qananiin deemte Marartuun daa'ima waggaa afurtii,turte. Amma garuu Bantiinis Marartuunis Qananii irranfatanii jiru. Bantiin niitii kan biraa erga fuudheeyyuu gara waggaa kudha saddeetii ta'ee jira.

Marartuunis erga haati ishee badde as harka haadha buddeenaatti guddatte. Jireenya gaddisiisaafi suukaneessaa gaggeessiti. Gayyan (hati buddeena) ishee Marartuu hinjaallattu. Akka diinaatti ishee ilaalti. Marartuun akka garbittii hojjechuu dhama'uufi asiifi achi raataa'uu malee namni beeloftee jirtaa nyaadhu, dheebottee jirtaa dhugi, daartee jirtaa uffadhu…isheedhaan jedhu hinjiru. Garuu hojii akka dhagaa ittife'amu hunda baattee ofiin of gargaaruudhaan barumsa ishee hindhiisne. Karaa kiiloomeetira sagal ta'u guyyaa guyyaan marmaartee mana barumsaa Shaambootti barachaa turte. Wayita dabareen ishee ganama ta'u mana barumsaatii galtee dabtara ishee mana buustee karaadha karaatti dabarti. Mari'imaan marattee dalagaa biraa eegalti. Laga buutee bishaan fiddi; okkotee lafa keesseemmoo funyoo (wadaroo haada) butattee qoraan cabsuu tulluu Qastamaj jedhamuu dhaqxi. Yoo waaree booda baratti ta'es ganam obboroo kaatee hamma mana barumsaa dhaqxutti hudduun ishee gadi hintaa'u. Osoo tokkorraa tokkotti dabartuu yeroon barumsaa ittiga'a. Kana biraanimmo namni tolchitee jirta jedhuun hinjiru. Namni galata galchuuf hinjiru. Bu'aan ishee guyyuu arrabsamuufi reebamuudha. Birqeen takka dubbattes lama dubbattes arrabsoo Marartuuti. Wanti isheen jetttee Marartuu hinarrabsine hinjiru. Wanti isheen Marartuu ittiin hinrukkunne hinjiru. Kabllaadhaan, uleedhaan, dhakaadhan,… waanuma of biratti argatteen irra buusti. Garaa haadha ormaatiin irree ishee ittiagarsiifatti. Birqeen gayyaa Marartuuti.

Namarraa Adamuu (2000). <u>Haraamuu Ofkale</u>

- Walddiddaan (contradiction) ogbarruu kana keessatti argamu caalmaatiin eenyuuf eenyu gidduutti akka gaggeeffame ibsi.

- Qooddatuu guddoon (main character) akkaataa itti dhiyaateef tajaajila (role) ishee ibsi?

- Ibsi bakka itti seenaan gageeffame (setting) ergaa ogbaruu kanaa dabarsuuf hammam fayyadeera?

- Barreesichi rakko dubartootaa akkamiin ibse?

**1.** (b)

**Burtukaana Kooti**

Tokko jedhi:-
Funyaan laali, albee.
Lama jedhi:-
Ilkaan laali, Darbee.
Burtukaana kooti Moo,
Moo Naqamteeti?

Intalo!
Oromiyaa keessa - garmaamna,
ganda Dadaris - ni deemna,
Oromiyaa bal’oo - guddifna,
‘Tsigees’ misoomsina - bal’ifna.
Jaalalle!
Anis sin jaal’e - guddaa,
diddee na jalaa - mugdaa,
ati waawuun - naan gubdaa?
Tuffiin kee garuu - dugda.

Jaarraa Lammii (2000). Diiga Diinomte. Finfinnee

- Bakkeewwan addaddaa walalicha keessaatti eeraman ergaa walalichaaf bu’aa qabuu?
- Walaloon kuniif matadureensaa waliin adeemuu?
- Barreesichi qooddatoota walaloo kana keessatti argaman ilaalchaaf yaada waliif qaban akkaataa inni itti agarsiise ibsi
- Akkaataa itti fayyadama mala dubbii (methaphor) barreesichaa irratti yaada kee ibsi.